# WARAQAA ODEEFFANNOO FUDHATTOOTAA FI KENNITOOTA KUNUUNSAAF

# HAYYAMA FAYYADAMA ATATTAMAA (EUA) TALAALLII JANSSEN COVID-19 NAMOOTA UMURII 18 FI ISAA OL TA'ANIIF DUKKUBA VAAYIRASIIKORONAA ITTISUUF

Talaallin Janssen COVID-19 dhibee vaayiraasiikoroonaa 2019 (COVID-19) sababa SARS-CoV-2 tiin uumame ittisuuf isiniif dhihaateera. Warqaan odeeffannoo kun sababa COVID-19 ammantana jirurraa kan ka'e tarii kan fudhchuu dandeessan, talaallii Janssen COVID-19 balaawwanii fi faayidaalee qabu akka hubattan kan isin gargaaru oddeffanno qabaateera.

Talaallii Janssen COVID-19 COVID-19 tiin akka hin qabamne isin ittisuu danda'a ta'a. Talaalliin COVID-19 ittisu. Bulchiinsa Nyaataa fi Qorichaa (FDA) U.S tiin kan mirkanaa'e hin jiru.

Odeeffannoo waa'ee talaallii Janssen COVID-19 argachuuf waraqaa odeeffannoo kana dubbisaa. Yoo gaaffilee qabaattan, dhiheessaa talaallii wajjin dubbadhaa. Talaallii Janssen COVID-19 fudhachuuf filannoon kan keessani.

Talaallii Janssen COVID-19 mashaalee irratti **doozii tokko qofa** kennama. Talaalliin Janssen COVID-19 namoota hunda  irraa ittisuu dhiisuu danda'a.

Warqaan odeeffannoo kun kan fooyya'e ta'u danda'a. Warqaa odeeffannoo yeroo dhihoo ba'e argachuuf, maaloo www.janssencovid19vaccine.com  daawwdhaa.

**Talaalli fudhachuu dura maal beeku akka kabaattan**

**COVID-19 maali inni?**

COVID-19 vaayiraasii koroonaa SARS-CoV-2 jedhamu irraa dhufa. Vaayiraasiin koroonaa akaakuun akkasii kanaan dura argamee hin beeku. Nama vaayirasicha qabame wajjin wallitti siquudhaan COVID-19nqabamuu dandeessu. Inni qaamoota kan biroo irratti dhibbaa geessu kan danda'u irra caalaan dhibee qaama hargansuu ti. Namoonni COVID-19'n qabaman mallatoowwan salphaa hanga dhukkuba cimaatti kan baldhatan mallatoowwan hangi bal'aa gabaafaman qabu. Erga vaayirasichaaf saxilamtanii booda guyyoota 2 hanga 14 keessatti mallatoowwan mul'achuu ni danda'u. Mallatoowwan baratamoon mullatan kanneen ta'uu danda'i dhagna gubaa ykn qorrisiisuu, qufaa; hafuura kutuu; dadhabbii; dhukkuboota maashaalee ykn qaamaa; dhibee mataa; dhandhamuu ykn urgeeffachuu dhabuu haaraa ta'e; qoonqoo abdraa; funyaan cufamuu ykn keessa roobu; locaa yln baalaqqama; garaakaasaa/teessisaa.

**Talaalliin JANSSEN COVID-19 maal inni?**

Talaalliin Janssen COVID-19 COVID-19n ittisuu kan danda'u talaallii hin mirkanoofne dha. COVID-19 kan ittisu talaallii FDA-mirkanaa'e hin jiru.

FDA namoota umuriin isaanii 18 fi isaa ol ta'aniif COVID-19 ittisuuf talaallii Janssen COVID-19 fayyadama atattamaatiif heyyama fayyadama atattamaa (EUA) jalaatti mirga keennera.

EUA irrattii odeffannoo dabalata argachuuf, xumura Waraqaa odeeffannoo kanaatti mataduree "**Heyyama fayyadama atattamaa (**"**What is an Emergency Use Authorization (EUA)?**") **maal inni?**" jedhu ilaalaa.

## TALAALLII JANSSEN COVID-19 FUDHACHUU KEESSAN DURA DHIHEESSAA TALAALLII KEESSANIIF MAAL KAASUU AKKA QABDAN?

Dhiheessaa talaallichaatiif kanneen armaan gadii dabalatee waa'ee rakkinoota fayyaa kessanii hunda itti himaa:

- adanyoo/michii kamiyyuu yoo qabaattan,
- dhagna gubaa yoo qabaattan,
- suuttta'aa dhiiguu qabaattan ykn dhigaa qallisu kessatti jirtan,
- sirna dandeetii dhukkuba ittisuu keessanii midhama taa'e ykn sirna dandeetii dhukkuba ittisuu keessan irrratti dhibaa geessu qoricha fudhchaa jirtan ta'e,
- yoo ulfa taatan ta'e ykn ulfa ta'uuf karoorfattan ta'e,
- yoo harma hoosistan ta'e,
- yoo talaalli COVID-19 kan biraa fudhattan ta'e,

## TALAALLICHA JANSSEN COVID-19 EENYUTU FUDHACHUU QABA?

FDA namoota umuriin isaanii 18 fi isaa ol ta'aniif talaallii Janssen COVID-19 fayyadama atattamaatiif heyyama keennera.

## TALAALLICHA JANSSEN COVID-19 EENYUTU FUDHACHUU HIN QABU?

Talaallii Janssen COVID-19 yoo kan armaan gadii isin mudate fudhachuu hin qabdan:

- Waantota talaallii kanatti makaman kamiifiyyuu michii cimaa yoo qabaattan.

## TALAALLII JANSSEN COVID-19 KESSATTI NAQAAWWAN MAALFAATU JIRU?

Talaalliin Janssen COVID-19 naqaawwan ittaanaa ofkeessatti qaba: recombinant,replication-incompetent adenovirus type 26 expressing the SARS-CoV-2 spike protein, citric acidmonohydrate, trisodium citrate dihydrate, ethanol, 2-hydroxypropyl-β-cyclodextrin (HBCD), polysorbate-80, sodium chloride.

## TALAALLIIN JANSSEN COVID-19 AKKAMITTI KENNAMA?

Talaalliin Janssen COVID-19 maashaalee kessanitti akka marfeetti isiniif kennama.

Sagantaan talaallin kan talaallii Janssen COVID-19 doozii**takkaa kennama**.

## TALAALLIIN JANSSEN COVID-19 KANAAN DURA FAYYADAA IRRA OLEERAA?

Talaalliin Janssen COVID-19 talaallii hin mirkanoofne dha. Yaalii kiliniikaa adeemaa jiruu kessatti, namoota 21,895 murii isaanii 18 fi isaa ol ta'an talaallii Janssen COVID-19 fudhataniiru.

## FAAYIDAALEEN TALAALLII JANSSEN COVID-19 MAALFAA DHA?

Yaalii kiliniikaa adeemaa jiruu kessatti, talaalliin Janssen COVID-19 takkaa kennamuudhaan hordoofuudhaan COVID-19 akka ittisu mul'isamee ture. COVID-19 irraa yeroon ittisuun isaa ammantanan hin beekamne.

## BALAAWWAN TALAALLII JANSSEN COVID-19 MAALFAA DHA?

Talaalliin Janssen COVID-19 bu'aawwan geessu kan gabaaafaman kan ittaanuu ofkeessatti qabu:

- Rakkinoota iddo waraanameetti: dhibee, diimina gogaa fi dirmammuu.
- Rakkoo cinaa waligalaa: dhibee mataa, dhageettii bayyee dadhabuu, dhibeewwan maashaalee, locaa, fi dhagna gubaa.

Talaalliin Janssen COVID-19 caraan fegeenyaan kan rakkina adanyo cimaa geessuu danda'u jira. Rakkina adanyo rakkisaan hanga qoricha kan talaallii Janssen COVID-19 erga fudhatame booda yeroo bayyee daqiiqaawwan muraasaa hanga sa'aatii tokko kessatti ni mul'ata. Sababa kanaaf, talaallii fudhachuu booda dhiheesaan talaallii keessan isin kunuunsuudhaaf iddo talaallii fudhataniitti akka turtan isin gaafachuu danda'u. Mallattoowwan rakkina adanyo cimaan kan ittaanuu ofkeessatti qaba:

- Rakkina hargansuu,
- Dhiita'uu fuulaa fi qoonqoo kessanii,
- Rukutta onnee saffisaa,
- Qaama keessan hunda irratti waan shiff jedhee mul'atu badaa,
- Naanneessuu/lafaan martoo fi dadhabbii.

Namoota talaallii Janssen COVID-19 fudhatan irratti doonii dhiigaa kan qabaatan sammuu, garaa, fi miilla keessatti platileetiiwwan sadarkaa gadi anaa walcinaa (seeloota diigaa akka diguun dhaabatuuf qaama keessan kan garagaaru) furdiinni dhiigaa argameera. Namoota furdinni dhiigaa fi platileetiiwwan sadarkaa gadi anaa kanneen kan irratti argame, talaallii fudhachuutti ittaanee mallattoown torban tokko hanga lama keessatti jalaqabuu. Namoonni baayeen furdinoota dhiigaa fi platileetiiwwan sadarkaa gadi anaa kun kan argame dubartiiwan umurii 18 hanga 49 irraatti. Akka kun ta'u carraan argachu fagoo dha. Erga talaallii Janssen COVID-19 fudhattan booda yoo mallattoowwan ittaanuu qabaattan kunuunsa fayyaa arguu qabdu:

- Hir'ina argansuu,
- Waraansa laphee,
- Dhiita miillaa,
- Dhibee garaa walirraa hin cinne,
- Dhibee mataa rakkisaa ykn cimaa ykn qulqulleessanii arguu dhabuu,
- Iddoo marfee iraa caalaa goga jalatti godaannisa salphaa ykn tuqawwan dhigaa xiqqoo.

Kunnen talaallii Janssen COVID-19 tiin rakkoo cinaa geessamu danda'aman hunda miti. firiiwwan jabaa fi kan hinyaadamin mullachuu ni dandaa'u. Talaalliin Janssen COVID-19 yaaliiwwan kiliniikaa kessatti ammallee qoratamaa jira.

## WAA'EE DHIIBBAA CINAA MAALAN GODHA?

Yoo rakkoon adanyo cimaan isin mudate, 9-1-1irratti bilbilaa, ykn gara hospitaala isa baayyee isinitti dhihoo deemaa.

Yoo dhiibbaa cinaa isin rakkisu ykn kan hin badne qabaattan, dhiheessicha talaallii ykn dhiheessaa kunuunsa fayyaa keessaniif bilbilaa.

Bu'aawwan talaalli gara **FDA/CDC Vaccine Adverse Event Reporting System (VAERS)** gabaasa godhaa. Lakkofsa kaffalttirra tola kan VAERS 1-800-822-7967 dha ykn saraar irratti gara https://vaers.hhs.gov/reportevent.html gabaasa qodhaa. Maaloo unka gabaasa sarara jalqaba kan saanduqaa #18 keessatti "Talaallii COVID-19 Vaccine EUA (Janssen COVID-19 Vaccine EUA)" dabala.

Dabalataan, Bu'aawwan talaalli gara Janssen Biotech, Inc. odeeffannoo qunamtii asi gadi kennamerratti gabaasuu dandeessu.

| Imeelii | Lakkoofsa Faaksii | Lakkofsoota Bilbilaa |
|---|---|---|
| JNJvaccineAE@its.jnj.com | 215-293-9955 | US Kaffaltirra Tola: 1-800-565-4008<br>US Kaffalttiin: (908) 455-9922 |

**V-safe** tiin akka galmooftan filannoon isinfis kennamuu danda'a. **V-safe** meeshaa bilbila hammayyaawaa haaraaa fedhii irratti hundaa'e namoota talaallii fudhatan wajjin galmeessuf erga talaallii COVID-19 bu'aawwan geessuu danda'u adda baasuuf eergaa barruu fi qorannaa saphaphuu kan fayyadamu dha. **V-safe** nagaa talaalliiwwan COVID-19 ilaaluuf CDC kan gargaaran gaaffilee dhiyeessa. Yoo hirmaattoonni talaallii COVID-19 ittaanee dhibbaa fayyaa barbaachisaa gabaasan, **V-safe** CDC tiin hordoffi bilbla jiraataa ni dhiheessaa. Galamaa'uu irratti odeeffannoo dabalataaf, daawwadhaa: www.cdc.gov/vsafe.

## TALAALLII JANSSEN COVID-19 FUDHACHUU DHIISUUF YOON MURTEESSEHOO?

Talaallii Janssen COVID-19 fudhachuu ykn fudhachuu dhiisuun filannoo kessani. Fudhachuu dhiisuuf yoo murteessitan, kunuunsa fayyaa baratamoo keessan hin jijjiiru.

## TALAALLII JANSSEN COVID-19 CINAA COVID-19 ITTISUUDHAAF FILANNOOWWAN KAN BIROO JIRUU?

Amantanaan, COVID-19 ittisuudhaaf FDA tiin kan mirkanaa'e talaalliin adda hin jiru. COVID-19 ittisuudhaaf talaalliiwwan adda Mirgeessaa Fayyadama Balaa tasaa jalaatti jiraachuu danda'u.

## TALAALLII KAN BIROO WAJJJIN TALAALLII JANSSEN COVID-19 FUDHACHUU NAN DANDA'AA?

Talaallii Janssen COVID-19 talaallliiwwan kan biroo wajjin fayyadamu irratti ilaalchisee odeeffannon hin jiru.

## YOON ANI ULFA TA'E YKN HARMA HOOSISA TA'E MAALTU TA'A?

Yoo ulfa ykn harma hoosistan ta'e, filannoo keessan dhiheessaa kunuunsa fayyaa keessan wajjin mari'adhaa.

## TALAALLIIN JANSSEN COVID-19 COVID-19'TIIN NA QABASIISAA?

Lakki. Talaallii Janssen COVID-19 SARS-CoV-2 of keessatti hin qabu kanaafuu COVID-19tiin isin qabsiisu hin danda'u.

## KAARDII TALAALLII KEESSAN OLKAAWWADHAA

Yeroo talaallii Janssen COVID-19 fudhattan, maqaa talaallii fi guyyaa talaallicha fudhatan galmeessuuf kaardii talaallii ni arggattu.

## ODEEFFANNOO DABALATAA

Yoo gaaffilee qabaattan ykn Waraqaawwan odeeffannoo Talaallii Janssen COVID-19 kan yeroo amaarratti gahiinsa argachuu dhaaf, meeshaa(device) kana fayyadamuudhaan koodii QR kaasaa, toora intarneetii daawwadhaa ykn lakkoofsa bilbilaa asi gadii dhiyaate irratti bilbilaa.

| Koodii QR | Toora intarneetii Waraqaawwan Haqaa | Lakkoofsoota Bilbilaa |
|---|---|---|
| | www.janssencovid19vaccine.com. | US Kaffalttirra Tola: 1-800-565-4008<br>US Kaffaltiin: (908) 455-9922 |

## CAALAATTI AKKAMITTAN BEEKUU DANDA'A?

- Dhiheessaa talaallichaa gaafadhaa.
- CDC https://www.cdc.gov/coronavirus/2019-ncov/index.html irrattii daawwadhaa.
- FDA https://www.fda.gov/emergency-preparedness-and-response/mcm-legal-regulatory-and-policy-framework/emergency-use-authorization. irrattii daawwadhaa.

Kutaa fayyaa hawaasaa naannoo ykn mootummaa keessan qunamaa.

## ODEEFFANNOON TALAALLII KOO ESSAATTI GALMAA'A?

Dhieessan talaallin odeeffannoo talaallii keesan Sirna Odeeffannoo Talaallii (IIS) kan aangoo seeraa mootummaa/naannoo keessanii ykn sirna moggasame kan biraa keessatti dabaluu danda'a. Waa'ee IISs odeeffannoo dabalataa dhaaf daawwadhaa: https://www.cdc.gov/vaccines/programs/iis/about.html.

## TALAALLII COVID-19 FUDHACHUU DHAAF KAFALTII BULCHINSAA NA KAFFALSIISUU DANADA'AA?

Lakki. yeroo kanatti, dhiheessichi kaffaltii qoricha talaallii isin kaffalsiisuu hin danda'uu akkasumas dhiheessichi kaffaltii bulchiinsa talaalli ykn talaallii COVID-19 qofa fudhchuutiin kaffaltii kan biraa kamiyyuu kiisii keessaa isin kaffalissuu hin danda'u. Garuu, dhiheessitoota talaallii sagantaa ykn karoora irraa fudhattoota talaallii (Baraarsaa dhunffaa, Medicare, Medicaid, HRSA COVID-19 Sagantaa baraarsa hin qabne fudhatoota baraarsa hin qabne) kaffaltii bulchiinsa talaallii COVID-19 kan bakka buusu deebii kaffaltii ni barbaadu ta'a.

## DHIMMOOTA BURJAAJJII UUMUUN SHAKKAMAN EESSATTIN GABAASA GODHA?

Namoota ulaagaa sagantaa talaalii CDC COVID-19 burjaajjii uumamuu danda'u kamiyyuuf hubannoo argatan gara Biroo Ajajaa Waligalaa tiif, U.S Tajaajiloota fayyaa fi Namaa (U.S. Department of Health and Human Services), 1-800-HHS-TIPS or TIPS.HHS.GOV irratti akka gabaasan jajjabina kennamaaf.

## SAGANTAA BEENYAA MIDHAA MADAALLII DEEBISTUU MAALI INNI?

Sagantaa Beenyaa Midhaa Madaalliidebistuu (Countermeasures Injury Compensation Program (CICP)) sagantaa fedeeraalaa ta'ee qorichoota ykn talaalliiwwan xiqqootiin, talaallii kana dabalatee namoota tiqqoo sirriitti midhaman dhaaf gatii kunuunsa wal'aansaa fi baasiiwwan gooree kan birootiif gargaaruu kan danda'uu dha. Waliigalaan, guyyaa fudhachuu talaallicha irraa kaasee waggaa tokko (1) keessatti gaaffiin galuu qaba. Waa'ee sagantaa kana caalaatti beekuuf, www.hrsa.gov/cicp daawwadhaa ykn 1-855-266-2427 irratti bilbilaa.

## HEYYAMNI FAYIDAA ATATTAMAA(EUA) MAAL INNI?

FDAn Ameerikaaniin tooftaa atattamaa kan EUA jedhamu jalatti talaallii Janssen COVID-19 akka argamu godheera. EUA labsii Bareesssaa Tajaajila Fayyaa fi Namaa (HHS) tiin ni deeggarama kunis yeroo dhibee COVID-19 keessatti fayyadamuu balaa tasaa qorichootaa fi oomishoota lubbuu qabaa haqoomsuuf akkaataawwan jiru.

Talaallii Janssen COVID-19 akka oomisha FDA-mirkanaa'ee ykn qulqulaa'ee keeddeebii gosa wal fakkaatu keessaatti hin darbine. FDA filannnowwan quubsaa, mirkanaa'an, fi kan argaman hin jiree kan ofkeessati qabu yeroon ulaagaa mirkanaa'an guttaman EUA tiif keenuu danda'a. Dabalataan, murtiin FDA raga saayinsawaa kan lakoofsa waliingalaa irratti hundaa'uun kunis oomishni COVID-19 ittisuuf buu'aa qabeessa yeroo dhukkuba COVID-19 akkasumas faayidaalee beekkama fi dandeetii kan oomishaa balaa beekkama fi dandeetii kan oomishaa irraa ni caala. Oomishnii yeroo dhukuba COVID-19 akka fayyidaa irraatti olu ulagaan kuneen hunda gutamuu qaba.

EUA talaalliii Janssen COVID-19 yeroo fayyadama atattamaa haqoomsuu oomishoota kaneen itti kan labsii COVID-19 bu'aa qaba, yoo raawwatamee ykn haqame (oomishichi fayyidaa irra tarii oluu hin danda'u ta'a).

Kan oomishame:
Janssen Biotech, Inc.
a Janssen Pharmaceutical Company of Johnson & Johnson
Horsham, PA 19044, USA

© 2021 Janssen Pharmaceutical Companies

Odeeffannoo dabalataaf, kaffaltirraa tola: 1-800-565-4008, US Kaffaltiin: (908) 455-9922 ykn deemaa gara www.janssencovid19vaccine.com

Irra deebiame: Ebla/23/2021

Qabuu Fakii kunis Warqaan Haqaa kun fudhatoota talaallii dhaaf galmeewwan walaansa elektroonikii/ sirna odeeffannoo talaallii tiif keenamera.